BOQONNAA AFUR: IMAAMMATA AFAANII (LANGUAGE POLICY)

4.1. Maalummaa Imaammata Afaanii

Imaammata afaanii jechuun murtoo, qajeelfama, dambii yookaan ejjennoo dhimma ogulantaa, fayyadama, daangaa tajaajilaafi kabaja afaan/afaanonni qaban irrati ibsa, hubannoofi ejjennoo qaama imaammaticha hogganuun kan kennamu, akasumas, kallattii itti mirgi dubattoota afaanota imaammatichi isaan ilaallatuu itti mirkanaa'udha.

Haasaa waliigalaan yoo dhiyaate, imaammata afaanii jechuun siyaasa afaanii jechuudha. Kanaafuu, xiyyeeffannaan imaammata afaanii inni guddaan sadarkaa afaanotaa gulantaa biyyoolessaatti agarsiisuu, mirga gartuu afaanii xixiqqaa mirkaneessuu, gulantaalee afaanotaa hojiitti jijjiiruu fa'i.

Haaluma kanaan, imaammanni afaanii kaayyoo isaa galmaan ga'uuf ayidoloojii afaanii hordofu bu'uureffatee hojii afaanota jajjabeessuu yookaan dhabamsiisuu, deeggaruu yookaan ukkaamsuu, sadarkaa olaanaa yookaan gadaanaa afaanotaaf kennuun aangoo dubbattoota afaanota sanaa hawwaasa jidduutti hundeessa yookaan molqa.

4.2 Gosoota Imaammata Afaanii

Biyyoonni adda addaa dhimmoota adda addaa bu'uura taasifachuun imaammata afaanii sadarkaa biyyoolessaatti qabaachuu danda'an gama adda addaan ilaaluun qoqqooduun ni danda'ama. Haaluma kanaan imaammata afaanii akka waliigalaatti jiraachuu danda'an muuxannoo biyyoota garagaraa irraa fudhachuu mata duree kana jalatti ni dhiyeessina.

Biyyoonni garagaraa, keessumaa biyyoonni bittaa kolonii warra dhihaa jala turan, gosa imaammata afaanii kan afaan biyya isaanii hojiirra oolchu yookaan kan warra bittoota isaanii duraanii qabaachuu ni danda'u. Haala kanaan imaammata gosa lameen asiin gadii qabaachuu dandeenya.

4.2.1. Imaammata Endogiloosikii

Biyyi tokko, imammata afanii biyya ishii keessatti afaan dhalootaa lammiwwan ishee keessaa filattee afaan hojii (official language) biyyittii kan gootu yoo ta'e imammanni afaanii biyyittiin hordoftu 'endoglossic' jedhama. Biyyi Giinii gama imaammata kana

hordofuutiin fakkeenya gaarii eeramuu dandeessu turte. Akka hayyichi afaanii Magwaan jedhutti, bara 1958tti yommuu imaammata afaanii endoogiloosikii akka hordoftu ibsitetti afaanonni dhalata biyyitti ta'an saddeet afaan hojii biyyittii ta'anii akka tajaajilan labsite. Haaluma kanaan imaammaticha hojiirra oolchuuf tarkaanfii fudhatte keessaa tokko hojii siivilii biyyittii kamiyyuu keessatti qacaramanii hojjechuuf afaanota saddeet sana keessaa yoo xiqqaate tokko beekuun dirqama kan jedhu ture. Akka muuxannoon biyyoota adda addaa agarsiisutti, imaammanni endoogiloosikii fiixaan bahuufi bu'a qabeessa ta'uu kan danda'u akka afaan dhalootaatti dubbattoonni afaan hojii filatamee sun gama siyaasaan, dinagdeefi gulantaa aangoo qabaniin murteessoo yoo ta'anidha.

4.2.2. Imaammata Eksogiloosikii

Imaammanni afaanii kan eksogiloosikii jedhamu biyya tokko keessatti kan hordofamu yommuu biyyi sun afaanota biyya alaa keessumaa kan koloneeffattoota isaanii afaan hojii biyya isaanii taasisanii fudhachuudhaan hojii waajjira caasaa motummaa garagaraa, barnoota, waajjiroota haqaafi hojiiwwan daldalaa ittiin gaggeeffatanidha.

Gama biraanimmoo, biyyoonni adda addaa imaammata afaanii biyya isaanii ifaa ifatti yommuu lafa kaa'an hinmul'atani. Imaammata afaanii ifa ta'eefi kallattii ilaalchaa biyyi sun afaanirratti qabdu haala ifa ta'een lafa kaa'uurra callisaan dhimmoota afaanii wajjin walqabatan gaggeessuu filatu. Waan kana ta'eef, haala kana akka bu'uuraatti fudhachuun imaammata afaanii biyyoota garagaraa haala lamaan ilaaluu ni dandeenya. Isaanis: imaammata dhokataafi (covert language policy) imaammta mul'ataa (overt language policy) ta'u.

4.2.3. Imaammata Dhokataa

Imaammanni afaanii biyya tokkoo dhokataadha kan jedhamu yommuu biyyi sun afaaniifi dhimma afaanii ilaalchisee dokimantii seeraafi kooddii bulchiinsaa kamiyyuu keessatti otuu gad hinkaasiin callisaan bira darbudha. Imaammata akkasii kana keessatti wabiin mirga afaanota biyyittii keessatti argamanii kan mirkanaa'uu imaammattoota garagaraa biroorra, dambiilee heera biyyattiifi miira seeraa akka waliigalaatti fudhachuun akka ta'e himama. Akka waliigalaatti imaammanni kun kan ittiin beekamu imaammata hinmul'anne, (implicit), ifaan lafa hinteessifamne (unstated), kan miira waliigalaa

(common-law), akkaataa jireenyaan kan mul'atu (de facto), kan barameefi (traditional), kan amaleeffame (customary), ta'uu isaani. Imaammanni afaanii dhokataa ta'uu kan danda'u tarii qaamni imaammata sana hordofu imaammaticha yoo ifa taasise wantoonni badan hedduun jiraachuu waan danda'aniifi yookaan immoo qaamni aangoorra jiru yeroo dheeraa booda ayidoloojii afaanii hordofaa jiru jijjiiruuf yommuu fedhudha.

4.2.4 Imaammata Mul'ataa

Imaammanni mul'ataan mirga gartuun afaanii kamiyyuu biyya keessa jiraataa jiran eessatti afaan isaanii bakka fedhetti gargaaramuuf qaban ifaa ifatti lafa kaa'uudha. Imaammanni mul'ataan waldanda'anii jiraachuu gartuuwwan afaanii biyya tokkoof haalaan wabii amanamaadha. Sababiinsaas, afaan tokko biyya keessatti haasa'amutti hanga kamitti tajaajjila kennuu akka danda'u haguuggii malee (explicitly), tokko tokkoo (specifically), barreeffama seeraa qabaachuu (de jure) waan mirkanaa'uufi.

Waa'ee imaammatoota mul'ataafi dhokataa gaafa gadi kaafnu, biyyi tokko dirqama imaammata dhokataa yookaan mul'ataaa qofa qabaachuu qabdi jechuu miti. Haala kanarraa adda ta'een, biyyi tokko bifa imaammattoota asiin olitti eeraman lameen walmakanii jiran qabaachuullee ni dandeessi. Kunis, muuxannoo biyyoota tokko tokkorraa akkuma mul'atu, dhimma afaanii ilaalchisee hubannoon bay'ee xiqqaa, dhiphaafi dogoggorsaa ta'e kennamuun bal'isanii hubachuufi hojiitti jijjiiruurratti waliigalteen gartuuwwan afaanii garagaraa jidduurraa dhiba. Kanaaf, biyya imaammata afaanii akkasii qabdu birratti imaammanni inni dhokataa ta'e isa mul'ataa ta'e dhoksee jiraattota jidduutti waldhabdee akka babal'isu beekamaadha.

Gosti imaammata afaanii biraan bu'uura isaa afaanota guddisuurratti qooda ga'aa fudhachuufi fudhachuu dhabuurratti kan taasifatedha. Haaluma kanaan, qooda fudhachuufi fudhachuu dhiisuu imaammataarratti bu'ureffachuun imaammata afaanii gasa lamatu jirachuu danda'a: imaammata guddisuufi (promotive) imaammata waldanda'uu (tolerance).

4.2.5 Imaammata Guddisuu (Promotive Language Policy)

Imaammanni guddisuu fayyadama afaan tokkoo yookaan afaanota hedduu heera, seeraafi bilchiinsa biyyittiin wabii kennuun kan jajjabeessuu yoo ta'u deeggarsa imaammatichaafis maallaqaafi humna namaa ga'aa afaanichaaf adda baasuun bakka fayidaarra oolmaa afaanichaas ifatti agarsiisuun ittisa amansiisaa kennaaf. Bakki afaaanichi tajaajila kennuu danda'us manneen barnootaa, bakkeewwan haqaafi waajjiraalee bulchiinsa biyyattii ta'uu ni danda'a.

Imaammanni guddisuu dhokataa yookaan mul'ataa ta'uun isaallee hinoolu. Imaammanni guddisuu dhokataan jireenya guyyuu hawwaasichaa keessatti kan mul'atu ta'ee garuu haalli itti afaanonni guddinni isaanii taasifamaa jiru ifatti eeraman hinjjirredha. Imaammatichi garuu imaammata guddisuu mul'ataa yoo ta'e afaannonni deeggarsi ta'uufi malu eenyu akka ta'e kooddii seeraan, heera biyyattiifi kan biroonis ifaa ifatti maqaa dhahamuun lafa kaa'amu.

4.2.6 Imaammata Waldanda'uu (Tolerance Language Policy)

Imaammanni waldanda'uu fayyadama afaanota gartuuwwan xixiqqaa kan eeyyamu yoo ta'u yeroo baay'ee hojiirra ooluu afaanota kanaaf qabeenyaan, yeroofi bakki kennamu hinjiraatu. Afaanonni kunneenis eessa eessatti tajaajila kennuu akka qaban wanti murtaa'ee lafa taa'uu hinjiraatu. Kanatti dabaluunis, imaammanni guddisuufi waldanda'uun walmake akka jiraachuu danda'u beekuun barbaachisaadha. Imaammanni akkasii kunis kan mul'atu yommuu wanti afaanicha guddisuuf ka'ame ga'aa otuu hinta'iin hafuufi gartuuwwan afaanii jiran garuu waldanda'anii gartuu afaan xixiqqaa ta'a warra gartuu olaanaaa keessatti tajaajjila kennanidha.

Fakkeenyaaf, bakka afaan gartuuwwan afaanii hunda waliigalchuu danda'u (language of wider communication) tajaajila kannaa jirutti (bakka tajaajjila geejjibaa, manneen yaalaa, bakkee daldalaafaa) dubbattoonni gartuu afaan xixiqqaa afaan isaanii haalliisaan itti tajaajjila argatan yommuu jiraatu jechuudha. Fakkeenyota biraa eeruun yoo barbaachises, manneetiin barnootaa garagaraa afaan barumsaa ala afaan dhalootaa barattootaan yaada rimee barnootaa barattootaaf ifa taasisuuf yaaaliin taasisan guddisuufi waldanda'uun maal akka ta'e agarsiisa. Biyya tokko tokko keessatti, fakkeenyaaf, Chaayinaafi Hindii,

waraqaa maallaqaa (national currency) isaaniirratti afaaniifi qubeen afaanota gartuu xixiqqaa bal'inaan niargamu. Haata'u malee, kabaja afaanota kanaaf qabaniifi waldanda'uu uummatichaarraan kan ka'e warri gartuu afaan olaanaa ta'an obsaan wajjin jiraatu.

4.2.7 Imaammata Walqixxummaafi Daanga'aa (Egalitarian and Restricted Language Policy)

Mirga fayyadama afaanii gama daangessuufi daangesuu dhabuutiinis imaammanni afaanii kallattii lamaan ilaalamuu danda'a: imaammata walqixxummafi (egalitarian) imaammata daanga'aa (restricted) dha.

Imaammata walqixxummaa keessatti afaanonni kamiyyuu, afaanota gartuu xixiqqaa dabalatee, guutummaa guutuutti walqixa jedhamanii waan amanamaniif dubbattoonni afaan kamiiyuu afaan isaaniin tajaajjila akka argatan imaammata hordofamudha. Fakkeenyaaf, biyya Afriikaa kibbaa keessatti afaanonni kudha tokko ta'an haala walqixa ta'een waajiraalee mootummaafi tajaajila uummataa kam keessattuu akka tajaajila kenan karoorfamanii hojiirra oolan. Imaammanni afaanii gosa akkasii kun imaammata walqixxummaa jedhama.

Haala kanaan faallaa ta'een immoo, imaammannii afaanii daanga'aan afaanota tokko tokko hanga isaan itti guddifamanis ta'e hanga isaan itti obsamanii (tolerance) tajaajila kennuu danda'an akkasumas bakka isaan itti tajaajjila kenuu danda'a raawwatee daangessuun sosso'a. Haaluma kanaan, afaannonni tokko tokko siyaasa biyya ta'ee tokko keessatti dhimma amantaaf qofa, bakka jireenya raayyaa biyyaarratti, waajjiraalee mootummaa qofa keessatti, yookaan immoo manneetii barnootaa keessatti qofa akka tajaajila kennan daangeffamuu danda'u. Yookaanimmoo, fayyadama afaan tokoo keessatti qaama hawwaasaa keessaa ga'eessotaf eeyyamee ijoollotaaf daangaa kaa'uu nidanda'a. Imaammanni gosa akkanaammoo imaammata daanga'aa jedhamee beekama.

Gosti imaammata afaanii danga'aa ta'e lamatu jira. Isaanis: imaammata mirga nama dhuunfaafi (personal rights) imaammata mirga daangaa uummata tokkoo (territorial right) ti.

Imaammata mirga nama dhuunfaa keessatti namni kamiyyuu afaan gartuu xixiqqaa haala ta'e keessatti akka itti tajaajjilamuuf mirga sadarkaa nama dhuunfaatti kabajamudha. Mirgichis nama sanaa wajjin bakka inni deemutti kan wajjin sosso'u waan ta'eef biyyittii keessaa bakka deemu maratti qaama mootummaa kamiyuu keessatti ittiin tajaajila argachuu danda'a. Imaammata mirga daangaa uummataan daanga'e keesatti garuu, tajaajilli afaan ta'e tokko kennuu danda'u daangaa bakka jireenya hawwaasa tokkoon kan daanga'udha. Yookaanimmoo, gartuun hawwaasaa tokko bakka murtaa'aa ta'etti afaan murtaa'e sana malee akka gargaaramuu hindandeenye daangessa. Fakkeenyaaf, yeroo ammaa kana biyya Itiyoophiyaa keessatti wanta mul'atu yoo ilaalle waajjiraalee motummoota naannoo keessatti afaan hojiif ta'ee tajajila kennuu kan danda'u tokko tokkoo naanichaa keessatti murtaa'ee jira. Mootummaa naannoo tokkoo keessatti afaan tajaajila kennu isa biraatti ce'ee kennuu hindanda'u. Tarii bakki adda ta'e tokko tokko jiraachuu ni danda'a.

Beektota afaaniif hawaasummaa hedduu birratti beekkamtii kan qabu gosti imaammata afaanii biraan imaammata 'de facto' fi imaammata 'de jure' jedhamanidha. Yaad-rimeen imaammatoota kanaa kan imaammata dhokataafi mul'ataa wajjin walitti dhufeenya niqabaata. Haluma kanaan, imaammata 'de jure' keessatti afaan/afaanonni tajaajila murtaa'oo ta'an akka qabaatan ta'anii bakka murtaa'aa ta'erratti beekamtii qabaatu. Haata'u malee, bakka afaanonni murtaa'oon akka tajaajila kennaniif beekkamtii argatanitti afaanonni biroon hojiirra yommuu oolan mormiin hinjiraatu. Hinumaayyuu afaan/afaanota beekkamtiin kennameefii caalaa kan tajaajilarratti shaakalamu afaan isa birooti. Imaammanni akkas maqaadhaaf afaan/afaanota ta'ee beekkamtii kennee hojiirratti garuu afaannonni biroon akka gargaaraman deeggaru immoo imaammata 'de facto' jedhamee beekama: innis imaammata dhugaa isa lafa jiruu jechuudha.

4.3. Qajeelfama Imaammata Afaanii Qopheessuu

Biyya Zimbaabuwee Haraaree keessatti walga'ii mootummoota biyyoota hedduun bara 1997 gaggeefame irratti labsii baheen imaammata afaanii qophesuuf biyyoonni garagaraa keessumaa bakka rakkinni imaammata afaanii jiru Afrikaa keessatti qajeelfamni asiin gaditti taa'ee jiru hordofamuu qaba jedha.

a) Imaammanni afaanii hundumtuu mul'ata guddinaa biyyi tokko qabdu tarkaanfii amansiisaa ta'een gara fuulduraatti kan sochoosu ta'uu qaba.

b) Biyyi kamiyyuu imaammata afaanii ifa ta'ee lafa taa'e qabaachuun afaan biyyittii keessa jiran keessaa kamtu eessati tajaajila kennuu akka danda'u beekamuu qaba.

c) Qajeelfamni imaammata afaanii qopheessuufi hojiirra oolchuuf bahan marti labsii qaama mootummaan mirkanaa'uu qaba.

d) Imaammanni afaanii biyya kamiiyyuu jijjiirraadhaaf kan of qopheesse ta'uu qaba.

e) Qaamni imaammata afaanii qopheessuufi hojiirra oolmaasaa to'atu sadarkaa biyyaatti hundaa'uu qaba.

4.4. Kaka'umsa Imaammata Afaanii

Akka namni beekaan Fishman (1971) jedhamu ibseetti, imaammanni afaanii hawwaasa tokkoo kaka'umsa asiin gaditti eeraman qabaachuu ni danda'a. Isaanis:

4.4.1. Tokko Taasisuu (Unification)

Xiyyeeffannaa inni guddaan gosa kaka'msa kanaa garaagarummaa hawwaasaa kan bu'uura isaa afaan taasise walitti fiduun garaagarummicha hambisee gara afaan took dubbachuun tokko ta'uutti fiduuf imaammata karoorfamudha. Tokkommaan afaan hawwaasaa tokko taasisuun argamu kun gulantaa maatiifi naannootti ta'uurra darbee gulantaa biyyaatti kan hojiirra ooludha.

4.4.2. Of Taasisuu (Authentification)

Akka gosa kaka'umsa kanaatti, imaammanni afaanii hunduu afaan kamiifuu addummaafi kabaja inni qabu eegeefii, afaan inni tokko isa biraa irratti dhiibbaa otuu hingeessisiin of ta'ee akka jiraatu gochuuf imaammata diriirudha.

4.4.3. Hammayyeessuu (Modernization)

Imaammanni afaanii kaka'umsi isaa afaan hammayyeessuu ta'emmoo xiyyeeffannaan isaa inni guddaan afaaniifi dubbattoota isaa gara tokko ta'uutti fiduu otuu hintaane

yookaan adda addummaa isaanii kabajuu otuu hintaane afaan hawwaasicha tajaajilaa jiru gara waaltinaatti fiduun hammayyeessuudha. Hammayyeessuun waaltineessuu afaanii wajjin walitti dhufeenya cimaa kan qabuufi qaama waaltinaa keessaa tokko waan ta'eef afaan hawwaasicha tajaajilaa jiru sanatti waan heddu dabaluufi kan barbaachisaa hintaane heddu keessaa gatuu qaba.

4.5. Gosoota Haalaafi Imaammata Afaanii Biyyoota Afrikaa

Imaammata afaanii biyya Itiyoophiyaa adda baasnee otuu hinilaaliin dura haalli afaanii biyyoota Afrikaafi imaammanni afaani isaanii maal akka fakkaatu jalqaba haa ilaallu. Biyya tokko keessatti haalli afaan itti ilaalamuufi kunuunfamu imaammata afaanii biyya sanaaf bu'uura akka ta'e beektonni hedduun ni himu. Haaluma kanaan, biyyoota Afrikaa keessatti haalli itti afaan argamuufi ilaalamu maal akka ta'e asitti fufnee haa ilaallu.

4.5.1. Gosoota Haala Afaanota Afrikaa

Akka namichi beekaan Chimhundu (1998) jedhamu kaa'etti, biyyoota Afrikaa keessatti haalli itti argama afaaniifi imaammanni isaanii adda adda. Haala itti argama afaanii ilaalchisee gosoonni eeramuu danda'an:

a. **Biyyoota Afaan Dhalata Afrikaa Ta'e Tokko Qofa Dubbattoota Hedduun Haasa'amu Qaban.**

Gartuu biyyoota kanaa gama lamaan ilaaluun ni danda'ama.

1. Biyyoota afaan dhalata Afrikaa tokko qofa warra akka afaan hojii biyyittiitti qaban. Fakkeenyaaf: Somaaliyaa (Afaan somaalii), Lesoto (afaan sesoto), Ruwaandaa (afaan kiniyaa-ruwandaa), Siwaaziilaandi (afaan siswaatii), Burundii (afaan kirundii), Botiswaanaa (afaan setiswaanaa) fa'i.

2. Biyyoota afaan dhalata Afrikaa ta'e tokko qofa innis afaan dubbattoota hedduun dubbatamu 'lingua franca' qaban. Fakkeenyaaf: Tanzaaniyaaf keeniyaa (kisiwaahilii), Rippablikii Giddu-Galeessa Afrikaa (Sangoo), Maalii (Bambaraa), Seenegaalfi (Woolf), Sudaan (Afaan Arabaa) fa'i.

3. **Biyyoota Afaanonni Gurguddoo Ta'an Hedduun Keessatti Waldorggoman.**

Fakeenyaaf:

- Biyya Naayijeeriyaa keessatti afaanota Hawusaa, Yuruubaafi, Igboo
- Biyya Seraaliyoon keessatti afaaanota Tamneefi Mandee
- Biyya Zaayer keessatti afaanota Kikoongoo, Lingaalaa, Chilumbaafi, Kiswaahilii
- Biyya Itiyoophiyaa keessatti afaan Amaaraafi afaan Oromoo

4. **Biyyoota Olaantummaan Afaan Tokkoo Yookaan Waldorgommiin Afaanii Keessa Hinjirre.**

Fakkeenyaaf:

Biyya Kameeron keesstti gara kibba biyyittiin afaanonni Buluufi Iwaandaa gara Kaaba biyyittiittimoo afaan fulaanii bal'inaan haala walqixa ta'een yommuu dubatamu biyyoonni akka Ayverikosti, Moozaambikiifi kot-divaariis asuma keessatti hammatamu. Akkuma asiin olitti ilaalle kanaan haalli afaanota Afrikaa kun ardittiin imaammata afaanii garagaraa akka qabaattuuf gumaacha gama isaa taasiseera.

4.5.2. Gosa Imaammata Afaanota Afrikaa

Haala afaanota dhalata Afrikaa ta'an bu'uura godhateen imaammani afaanota Afrikaa qoqqooddii asiin gaditti ta'e kana qaabaachuu danda'a.

1. **Biyyoota Ta'e Jedhanii Imaamata Afaan Tokko Guddisu Hordofan. Gartuun Kun Akkaataa Lamaan Ilaalamuu Danda'a**.

A. Akka imaammata ekisokiloosikiitti warra hordofan:

- ✓ Biyyota afaan Faransaayii dubbatan (biyya Zaayeriin ala)
- ✓ Biyyoota afaan Portuugal dubbatan (Mozaambik, Angoolaa, Giinii Bisaw) fi biyya Laayibeeriyaa (Ingilizii)

B. Akka imaammata indoogiloosikiitti warra hordofan:

- ✓ Taanzaaniyaa (kisiwaahilii), Somaaliyaafi (somaalii), Rippaabilika Giddu-Galeessa Afrikaa (Sangoo)

2. **Biyyoota Imaammata Ekisogiloosikii Qaban Garuu Imaammata Indoogiloosikii Hordofuu Jalqaban.**

Fakkeenyaaf: biyyoota kan akka keeniyaa, Ugaandaa, Maalaawwii, Burundii, Ruwaandaa, Bootswaanaa, Siwaaziilaandiifi, kan biros jiru.

3. **Biyyoota imaammata Ekisogiloosikii qaban garuu afaanota dgalata Afrikaa ta'an tokkoo ol guddifachaa jiran.**

Fakkeenyaaf: biyyoota akka Naayijeeriyaa, Giiniifi, Zaayer fa'i.

4. **Biyyoota Imaammata Ekisoogiloosikii Hordofan Garuu Afaanota Dhalata Afrikaa Ta'an.**

Fakkeenyaaf mana barumsaa marsaa jalqabaaf, hojiimana murtiifi sab-quunnamtiilee adda addaaf gargaaramu. Biyyoonni akka Zaambiyaa, Zimbaabuweefi Seraaliyoon gartuu kana keessa jiru.

4.6. Imaammata Afaan Itiyoophiyaa

Biyyi Itiyoophiyaa jedhamtu seenss waggoota dheeraa, (kuma sadii ol) akka qabdu himama. Waggoota dheeraa kana keessatti, gama boca dachee, aadaa, seenaafi ,amantaa amma qabdu kanaan akka argamtu kan taasisan keessaa gaheen bulchitoota ishee yeroo adda addaa guddaadha. Gaddiifi gammachuun, gaabbiifi abdiin, waliigalteefi waldhabdeen lammiilee biyyittii bu'uurri isaa hambaa gaggeessitoonni ishee kun galaasaniifii darbani. Dhimmi lammiileen biyyiittii gaaffii guddaa godhanii kaasanis yoo jiraate dhimma afaaniifi itti fayyadama isaati.

Biyyi Itiyoophiyaa biyya afaan heddu keessatti dubbatamu (multilingual country) waan taateef yeroo baa'ee gaaffiin afaanii wajji walqabatu rakkoo irra deddeebi'amee ka'u. Biyyittii keessa afaanota 70 ol ta'an kan argaman yoo ta'u isaanis gartuu maatii afaanii gurguddaa afuri (kushitikii, sematikii, omotikiifi, naayilotikii) dha. Afaanota kanneen keessaa baay'een isaanii hawwasa akka afaan dhalootaatti waliigalteef itti gargaaramurra

darbee tajaajila kamiifuu oolaa hinturre, hinjiranis. Afaanonni kunneen akka dagatamaniifi baay'een isaaniimmoo akka ukkaanfamanii wanttoota taasisaa turan keessaa gahee guddaa taphataa kan ture imaammata afaanii bolchitoonni biyyittii hordofaa turaniiti. Kanaafuu, imaammanni afaanii biyya kanaa yeroo darbeefi yeroo amma maal akka fakkaatu haala baay'ee gabaabaa ta'een haa ilaallu.

1. **Imaammata Afaanii Itiyoopiyaa Bara Mootii Haayile Sillaasee Dura**

Itiyoophiyaan seenaa dheeraa qabdi haajedhamu malee seenaan barreffamaa isheen qabdu garuu baa'ee dhihoodha. Kanaafuu, imaammata afaanii heeraafi labsii mootummaan bahee barreeffamee ta'ee mootii Haayile Sillaasee dura hinturre jechuudha. Haata'u malee, documantiin 'Fitha Negest' jedhamu akka gaggeessaa dhimma siyaasaafi amantaa yeroo sanaa ta'ee tajaajilaa akka ture seenaan haasa'u ni jira. Heerri jiraachuu haabaatuyyuu malee, biyyittiin imaammata afaanii dhokataa kan qabu akka ture beekamaadha.

Mootummaa yommusii keessaa Tewodros isa tokko yommuu ta'u innis biyyoota ollaasaanii iddoo tokkotti fidanii bituuf warra fedhii qaban keessaa isa jalqabaa ture. Fedhii isaa kana galmaan ga'uufis imaammata afaan filatanii guddisuu (promotive language policy) qabatee afaan Amaaraa afaan hojii mootummaa isaa taasise. Isa dura afaan hojii mootummaa afaan Gi'iiz ture. Haata'u malee, yaanni Tewodros biyyittii tokko gochuu wixinee ka'ee ture fiixaan hinbaaneef.

Mootiin inni Tewodrositti aanee dhufe Yohannis IV yoo ta'u innis nama dhalata biyya Tigiree ta'ee otuu jiruu karaa Tewodros dura wixinerra deemuun afaan Amaaraa afaan afaan hojii mootummaa isaa taasisee itti fufe.

Mootiin inni sadaffaa afaan Amaaraa afaan hojii mootummaa isaa taasisee itti fufe mootii Minilik II ture. Akka seenaan waa'ee dhimma kanaa dubbatu jedhutti, wixinee Tewodros biyyittii tokko gochuuf kaa'e kan galma ga'e Minilikiini. Uummata har'a biyya Itiyoophiyaa jedhamtu keessa jiran mara gara kibbaa, dhihaafi bahaa walitti fiduun bittaa isaa jala galche. Uummanni bittaa isaa jala gale kunis, afaaniifi aadaa isaa dhiisee afaan Amaaraan qofa tajaajila lammummaan kennamu akka argatu taasise. imaammanni afaan Amaaraa qofa guddisu kun garuu labsiin otuu hintaane imaammata afaanii dhokataa ture.

2. Imaammata Afaanii Bara Mootummaa Haayile Sillassee

Haayile Sillaaseen mootota warra isa duraarraa adda kan isa taasisu seenaa addaa imaammata afaaniirratti qaba. Imaammanni afaanii mootummaa isaa heera mootummaa isaa keessatti ifaan kan lafa kaa'e ture. Fedhii uummata sanyiinis ta'e afaaniin garagara ta'e kana bituuf qabu fiixaan baafachuuf 'Itiyoophiyummaa' imaammata jedhu baasuun hojiirra oolche. Itiyoophiyummaan afaan tokko, aadaa tokkoofi amantaan tokko biyyittii keessatti akka dhufu fedha.

Waggoota Haayile Sillaaseen itti biyyittii bittaa ture jidduutti weerartoonni xaaliyaanii Itiyoophiyaa dhufuun waggoota shaniif bitaa turan. Baroota xaaliyaanonni turan kana keessatti afaanonni lammiilee Itiyoophiyaa hedduun afaan hojiifi barnootaa akkasumas afaan manneen murtii ittiin hojjetu ta'ee ture. Keessumaa, yeroo kanatti Xaaliyaaniin afaanoota sabaafi sablammiilee Itoophiyaa: Afaan Tigiree Ertiraa keessatti, Afaan Amaaraa Amaara keessatti, Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa Finfinnee keessatti, Afaan Harariifi Afaan Oromoo Harar keessatti, Afaan Oromoofi Kafichoo Oromiyaa keessatti, Afaan Sidaamaafi Sumaalee Sumaalee keessatti afaan barnootaa akka ta'an taasisaniiru.

Kana malees, manneen barnootaa naannoo hordoftoota amantii Isilaamaatti Afaan Arabaa akka dubbachuu danda'an eeyyamamee ture (Pankhrust, 1969; McNab, 1988: 717). Akka yaada beektota armaan oliitti, kaayyoon gochaa Xaaliyaanii afaan dhalootaan barsiisuu jalqabde bu'uura guddaa biyyitti keessatti ta'eera. Booda Haayile Sillaaseen erga itti deebi'ee booda garuu imaammata afaanii ifa ta'etu kenname. Innis, afaan Amaaraa afaan hojii, afaan barnootaafi kan biroos isa tokkicha biyya Itiyoophiyaa keessatti hojjetu kan jedhu ture.

Haaluma kanaan, hojiiwwan afaan uummata biraan hojjetaman, hojii mishinerootaa dabalatee , akka dhaabbatu taasise. Imaammanni afaanii afaan tokko qofa guddisuurratti ka'e kun hojiirra ooluuf, keessumaa naannoo bulchiinsaa, manneen barnootaafi manneen murtiitti baay'ee hinrakkanne.

3. Imaammata Afaanii Bara Mootummaa Dargii

Mootummaan dargiis akkuma aangoo qabateen mirga afaaniifi aadaa isaanii itti fayyadamuufi guddisuu sabootaafi sab-lammoota biyyittiif labse. Mootummaan dargii mootummaa ilaalcha sooshalizimii hordofu waan ta'eef afaanonni sablammootaa walqixa guddachuu qabu imaammata jedhu qabatee dhufe. Haaluma kanaan, afaan sablammoota keessaa ,afaan Amaaraa dabalatee, afaanota kudha shan filatee barnoota ga'eessotaaf (litiracy camphaygn) duula jedhamu hundeesse.

Afaanonota kudha shanan kun lammiilee biyyitti %90 ta'aniin dubbatamu turani. Isaanis: afaan Amaaraa, Oromoo, Walaayittaa, Somaalii, Hadiyyaa, Kambaataa, Tigirinyaa, Tigiree,Sidaamaa, Geede'oo, Afaar, Kafaa, Sahoo, Kunaamaafi Silxee turan. Rakkoon imaammata kanaa wajjin ture garuu afaanota kana maraan duulli barnoota bu'uuraa kun kan kennamaa tura qubee saabaa gargaaramuun ture. Qubeen saabaa kun immoo rakkoon inni qabu afaanota kush wajjin qofa otuu hinta'iin afaanonni 'seemillee' ittiin guutummaatti ibsamuu akka hindandeenye ifaadha.

Rakkoon inni biraan, barsiisonni bakka maratti deemanii barsiisan baay'een isaanii warra afaan Amaaraa dubbatan ture. Haalli barsiisotaa kunis barattoonni gara afaan Amaaraatti akka of luuccessa taasise. Akka namichi McNabb jedhamu jedhetti xumurri isaa uummata gara afaan Amaaraatti luuccessuu ta'e. The literacy campaign although through the media of nationality languages, [brought] more adults into contact with speakers of the official language, Amharic.

Dargiin heera biyyattii keessatti afaanonni sablammiilee Itiyoophiyaa walqixa haajedhuyyuu malee hojiidhaan yoo ilaalamu garuu afaan Amaaraa qofatu afaan hojii, barnootaafi manneen murtii ta'ee itti fufe.

4. Imaammata Afaanii Itiyoophiyaa Yeroo Ammaa

Bara 1994, mootummaa amma aangoorra jiruun heerri mootummaa bahee labsame, seenaa biyyittii gama imaammata afaaniitiin baroota dheeraaf ture kan jijjiirre ture. Heera muutummaa keeyyata 5 irratti waa'ee imaammata afaanii Itiyoophiyaa akka asiin gadiitti kan dubbifamu argame:

1. *All Ethiopian languages shall enjoy equal state of recognition.*
2. *Amharic shall be the working language of the Federal Government.*
3. *Members of the Federation may determine their respective languages.*

http://ccat.sas.upenn.edu/~haroldfs/540/polintro/polintro.html.

Mootummaan amma jiru kun afaanota sabaafi sablammootaa dhimmoota hojii waajjiraalee mootummaaf, hojii caasaalee bulchiinsaaf, hojii mana murtiifi barnootaaf gama oolchuutiin jijjiirama guddaa agarsiiseera. Haaluma kanaan, mootummoonni naannoo biyyittii afaanota hojii mootummaa naannoo isaanii keessatti kan itti gargaaraman, filachuun dhimmoota adda addaaf qoqqooduun hojiirra oolchani. Afaan Amaaraa afaan hojii mootummaa naannoo Amaaraafi mootummoota naannoo biraa afur dabalatee afaan hojii mootummaa federaalaa biyyittii, afaan Oromoo afaan hojii mootummaa naannoo Oromoyaa, afaan Tigirenyaa afaan hojii mootummaa naannoo Tigiree, afaan Adaree afaan hojii uummata Hararii, afaan Affaar afaan hojii mootummaa naannoo Affaariifi, afaan Somaalii afaan hojii mootummaa Somaalee keessatti filatamuun hojiirra oolan. Afaanonni baay'een sadarkaa godinaaleefi aanaattillee mootummaa naannoo kibbaa keesstti afaan hojii waajjiraalee garagaraafi barnootaa ta'anii filatamuun hojiirra oolaniiru.